

Wangeela Muslimotaaf

(Gospel for Muslims)

Eliel "Be disciple and go to others to create the true disciple creators!"
Email: eliel0607generation@gmail.com Mobil: +251-926-545-440
P. O. Box 2209 Hawassa, Ethiopia.

Dan Bible College (Koleejii Macaafa Qulqullu Daan)

"…Jaalalaan dubbii dhugaa dubbachaa, koottaa karaa hundumaan gara mataa isa nuuf ta'e gara Kiristoositti in guddannaa!" Efe. 4:15.

Baafata (Table of Contents)

1) Isilaamumaa Maali? 3
   - Islaamumaan Kiristaanummaa firrisaa?
   - Maaf amantaa hrrawa hudeesuun barbachise ree?
   - Isilaamumaan Kitaaba Quliqulluun woi faleessa
   - Sirriin eennu?
   - Akkamti beekuu dandaan
2) Mahaamad Raatticha Islaamummaa 7
   - Seena Mahaamadii fi akkataa dhaloota isaa
   - Mudhata Mahaamadii
   - Haala Islaammaan itti Babadhate
3) Quraani kitaaba Muslimotaatti 11
   - Barqaawwan Quraanaa
4) Haala Aadaa lsaamumma'aa 14
   - Barumsa Hadisaa
   - Sunaa ykn haala jireenya Mahaamadii
5) Seera isilaammu 17
   - Utubaa ammantaa Musilima
6) Hubanoo Amaantaa Musilima 19
   - Waayee Murtii dhumaa
   - Waayee jireenya du'a boodaa
   - Rakkinna awwaala keesatti nama irra gayu
   - Dhossaa Musliimota Biraa
7) Mormii Musliima 21
   - Waayee Sadan tokkummaa Waaqayoo
   - Ulfinna Gooftaa Quranna keesatti
   - Mormii Fannifamuu fi du'e du'a ka'uu Kiristoosii
8) Musliimoota Ragaa bayuu 28
   - Marii Qabaachuu fi walitti dhufeenya gaarii uumuu

Eliel "Be disciple and go to others to create the true disciple creators!"
Email: eliel0607generation@gmail.com Mobil: +251-926-545-440
P. O. Box 2209 Hawassa, Ethiopia.

- **Wayee Mahaamadiitii fi Gootaa Yesuusii**
- **Haala Uffannaa.**

Wongeela Muslimotaaf Lallabuu (Muslim Evangelism)

Musiliimotaa Tajaajila Wongeelaa kennuuf akkaataa barataameen ala mala addaatitu barbaachisa. Namoonni karaa garagaraatiin yaadan,waan tokko amanuuf, raawwatuufis, fedhii garagaraa qaban; kanaaf Wongeela isaanii qoduuf yeroo kaanu kana dagatuun hin barbaachisu.Yaadannoon asii gaditti arginu kun caalaatti isaan dhaqqabuuf nu gargaara.

* Musliimoonni " ani musliima ta'ee dhaladheera, *musliima ta'ee du'a wanti kana jijiiru hin jiru" jedhan; qajeelchi kun ka nama musliimummaaf bitameeti.

* Kanaaf musliima akkanaa kana wojiin haasayuun

*Akka nama maqaaf kiristaana ta'e wojjiin haasayuutii miti. Sababaanis karaa akanaa kanaan yoo isaanitit himnnee musliimoota bay'ee wanti nu isaanii qooduu barbaanne maal akka ta'e isaanii hin galu.

*Kanaaf baromsi kun waan wongeelaatiif isaaniti dhiyaannee isaan gargaaruu irratti faayidaa guddaa qaba.

* Jibbaa isaan Gooftaa Yesuusiin irraa qabaniif miidhaa isaan geessuu barbaadaniif akkamitti akka amanamummaaf ayyaanaan deebii kennuu dandeennu nutti mudhisa.kana waan ta'eef,

* Ajaja ergaa guddaa bu'uura godhannee Gaafa kaane Waaqayyoo nu wojjiin ta'a. Mat. 28:19-20.

Eliel "Be disciple and go to others to create the true disciple creators!"
Email: eliel0607generation@gmail.com Mobil: +251-926-545-440
P. O. Box 2209 Hawassa, Ethiopia.

1. Isilaamummaan maali? Bara Kamitti Eegalee?

Isilaamummaan bara 1416 keessa yeroo Mahaammad Magaalaa Makkaa jedhamtu keessa sababaa amantaa isaatiif baqatee deemee gara Magaalaa Madiinaa jedhamtu dhufe. Deemsi inni baqaan deeme kun afaan arrabiffaatiin "Hijiiraa" jedhamuun beekkama. Yeroon kun yeroo amantaan musliimaa jalqabe jedhamee beekkama.

-Islaamni wara Waaqa (Allaati) amanu kan saddani tokko Waaqaoo ammoo didu.

A. Islaamummaan Kiristaanummaa firrisaa?

Islaamummaan kiristaanummaa hin firrisu. Sirimaa kiristinnaan islaamummaa woggoota 600 firrisa.

* Kanaaf waanti Musliimoonni Waaqayyotti (Alaha] Nohi, Abrhaam, Musee, Dawit, Solomoon, Yonasiif, Yesusiin eddaanii rajjotta kawaan ka Kitaaba Quliqulluutiti akka amannan dubbatniif.

Isliminaan akka Yesuusiif ratoota kaawanitti amanuu dubbata.

B. Maaf amantaa haarawa hundeessuun barbachise ree?

"Yahiween Elohim" Quraana keessatti mudhate Waaqaaf Iyesuusii nu kitaaba Qulqulluu keessatti hubannaan sirma wol hin fakkaatu.

Amantaan Islaamumma'aatii fi Kiristanummaan yeroo gubbana isaanii laalu qofa waan wol fakkaatan seena.

Kiristaanonnii fi islaamoonni * * * qabxii asii gadii kanniiniin wol fakkaatan.

Adunyaa tanaa fi waan isii keessa jiran akkasuma mootummaa Samiitii fi eddoo badiillee uumeera.

Waaqayyoo guutuu, guddaa, hundaa beeka kan yeroo hundaa eddoo kamittis kan s.

Waaqayyoon fedha ufii ykn isaa karaa rajoota tokko tokkootiin ilmaan namaatii ibseera.

-Waaqayyoon ilmaan namaa akka jireenya isaanii ittiin geggeeffataniif yakka irraa akka ittiin ufii isaanii eeggataan seera isaanii kenneera.

-Waaqayyoon nama hundaa irratti ni murteessa. Gaafa murtee isaa gama tokko jeennnata galcha gama kaan immoo gara eddoo badii bara baraatitti isaan gata.

Eliel "Be disciple and go to others to create the true disciple creators!"
Email: eliel0607generation@gmail.com Mobil: +251-926-545-440
P. O. Box 2209 Hawassa, Ethiopia.

ISLAAMUMMAAN KITAABA QULQULLUU NI FAALLEESA.

-Yesuus raattotaa ol hin turre. Ilma Waaqayyoos hin turre

(suratu -Ali- Maidayi 5:75). Suratuu jechaan boqonnaa Quraanaa jechaadha.

-Yesuus nama gaarii ture; Waaqummaa immoo; ufi keessaa hin qabu .

-Waaqayyo "sadan tokko" (Abaa,Ilma,Hafuura Qulqulluu) miti.Akkana jechuun Maqaa Waaqayyoo arrabsuudha. (suratu Ali- nisai 4:171,5:75-78; 119])

-Yesuus cubbamootaaf jedhee fannoo irratti hin duune. (suratu Ali- nisai, 4:157)

-Wareegamuu ykn ariisaa waan Yesuusiitiin ta'e ariisaa bakka bu'aa kamiinis dhiifamsa cubbuus karaan cubbamaan Waaqayyoo wojiin itti araaramu hin jiru (suratu Ali-hajii 22:36;37).

Lachanuu Waan Jechdhan Qabbu.
Warri Islaamaa akkana jedhu
"Nu dhugaa guutuu qabna"

Kitaabni Qulqulluun waan jijjiirameef dhugaa hin qabu; kanaaf waanti Waandhi Quraana ergeef kana; namoonni hundinuu karaa dhugaa kanatti amanuu danda'an jedhu.

Warri Kiristaanaallee akkana jedhu
"Kitaabni Qulqulluun nu harkaa qabnu dubbii Waaqayyoo kan hin jijjiiramneedha.

Waan inni dubbatu guutuma guututti amanna jedhu.

Eeganaa kan sirrii ta'e eennu?
Musliimonni" nu'u" jedhu.
Kiristaanonnis gama isaaniitiin "nu'u" jedhu. Kana amannee dhugaa akka ta'e akkamiin hubachuuf mirkaneeffachuu dandeenna?

Dhumti keenna kan bara baraa akam akka ta'e gar gar baafannuuf kana uf eeggannoon qoraatutu nu irraa eeggama.

Eliel "Be disciple and go to others to create the true disciple creators!"
Email: eliel0607generation@gmail.com Mobil: +251-926-545-440
P. O. Box 2209 Hawassa, Ethiopia.

Gooftaan Yesuus kan dhalate biyya Israa'elii keessatti, jireenya isaa guutuu achuma jirataa turee fannoo irratti fannifamee du'e, awwaalamee awwaalaa ka'e gara samii ol baye. Israa'el giddu gala biyyoota sadihiiti; isaanis:- Awuroophaa, Isiyaa fi Afrikaa fa'a.

Akkuma ergamoonnii fi warri wongeelaa oduu gammachiisaa [wongeela] namoota hundatti himuu jalqaban, keessattuu yeroo kakuun duraa qophaayee raawwatame wongeelli ariitiidhan tamsa'e.

-Jalqaba biyyoota Isra'elitti dhiyootti akkasuma Itoophiyaa fi Afrikaa bayaatti,booda irratti Awuroophaa fi biyyoota birootis gayeera. Kanaafdha wanti nuti waayee Waaqayyootii fi Iyesuus, waan inni nuu godhe dhageennee baranneef. ** Haa ta'uu garuu olloonni keenna baayyeen, hiriyyoonni keenna kana hin beekan.

Garuu akkamti beekuu dandaan?

Yeroo san [bara kakuu haarawaa] ergamtoonni fi warri Wongeela lallaban biyya akka salphaat dhaquu dadhaban keessaa tokko biyya Arabaa kan xidhacha qabdu turte.

Hagamillee yoo Gooftaa Yesuusiin gara'aan jaalachuuf jaalachuu dhabuu mirkaneeffachuu hin dandennes warri Kiristaana ta'an turan. Mallaataa Kitaaba Qulqulluus hin qaban ture.

Warri Ayihuudotaa kan achi jiraatanis turan. Isaan Kakuu moofatti hin amanu ture haa ta'uu immoo cimanii hin aqabanne.

Warri Araboota loowwan, re'ee, hoolaa,faradoo fi gaala horsiisan ture. Akkasuma edassan daldalas hin daldalu ture.

Bara san konkolaatanii fi baaburri faati hin turre; wantoota hundaa gaalatti fe'aa deddeebisan ture .

sKaraan guddaan gara Awuroophaa fi Isiyaa deemaniin keessaa tokko karaa Arabiyaa ture. Kana waan ta'eef daldaltoonni Afrikaa irraa meeshaa fidanii gurguratu,akkasuma gara Afrikaatis fidanii gurguratan.

Eliel "Be disciple and go to others to create the true disciple creators!"
Email: eliel0607generation@gmail.com Mobil: +251-926-545-440
P. O. Box 2209 Hawassa, Ethiopia.

2. Mahaamad Raajicha Islaamummaa

Islaamummaan akkamitti Eegale?

Baayyinni ummata Arabiyaa Aramaayota turan. Manni qulqullummaa kan isaan itti waaqeffatan "kaabaa" jedhama ture.Mana qulqullummaa kana keessa waandhi tolfamaan "hubal" jedhamus ture.

Kakuu moofaa keessatti yoo ilaallu Waandhi Abrahaam ,Yisihaaqi,Yaa'iqoob Waandhi Israa'el waaqa tolfamaa ormaa kana akka hin waaqeffanneef banii isaa ufi eeggachiiseera. [Ke. de 25:1-3,Mooto1fa,18:16-40,Aboota Murti,2:10-13,

Seena mahaamadii fi akkaataa dhaloota isaa gabaabatti.

Akaakayyuun Mahaammadii ijoollee dhiiraa hin qabu ture.Kanaaf akka ijoollee dhiiraa isaanii kennuuf kadhachuudhaaf gara "kaabaa"deemanii awwaala" hubal" irra harka isaanii kaayanii "Allahi" maaloo ijoollee dhiiraa naa kenni" jedhaa cimsanii kadhatan. Yoo ijoollee kudhani isaanii kenne tokko "hubalii"[Allah dhaaf] ciincaa ykn aarsaa godhee dhiyeesuudhaaf waadaa gale. Kanaan booddee ijoollee dhiiraa kudhan (10) argatan akkuma waadaa galan godhudhaaf gara waaqa tolfamaa "hubal"dhaqan.

(waandhi tolfamaan sun" gooftaa magaalattii sanii jedhamuudhan beekkama). *Yeroo allah dhaaf aarsaa dhiyeessuudhaaf achi gayan filannoon ilmaan isaa keessaa ilma isaa kan Abdalla jedhamu irra gaye. Hiikkaan maqaa kana tajaajila" Allaha" jechaadha .Abdallaa kanatu abbaa Mahamadii ta'e. Inni kun eddoo isa waaqa tolfamaadhaaf gaalli dhibba tokko (100) akka kennamuuf karaa mortuu tokkootiin gaafatamee waan tole jedheef Abdallaan carraa lubbuun jiraachuu argate.

Waanti kunniin martuu barri Mahaammad akka bara waaqeffannaan waaqa tolfamaa waarra mortootaan hagam akka bitame mudhisa. Waati kun jireenya isaa irratti hagam akka miidhaa qabu mudhisa.

Qurrana keessatti (surtu Ali-namli 27:91) ani waanti ajajame akka gooftaa biyya kanaatii ajajamuuf jedha. Musliimonni maruu kun akka "Allah" ta'etti wolii galan.

Eliel “Be disciple and go to others to create the true disciple creators!”
Email: eliel0607generation@gmail.com Mobil: +251-926-545-440
P. O. Box 2209 Hawassa, Ethiopia.

*Bara san garuu" hubaltu" gooftaa magaalaa sanii ture. Akkasuma edaasaan jechi "Allah" jedhu maaqa waaqolee tolfamaa kaawwaniifis maqaa isaan ittiin waamaman ta'ee tajaajileera.

Dhiibbaa dukknaa kanaa xiyyeeffannaa keessa galchuuni yoo ilallee,
Mahaammad: Nama aarii bayyi'atu
Nama dukkana guddisee sodaatu
Nama waan boca fannootiin hojjatame yoo arge jibbu ture,
Nama yoo namni meeshaa fakii akkasii qabu qabatee mana isaa dhaqe caccabsu ture.

["Seenaa jireenna Mahaammad "basar wolitem miyuri page 200.]

Jechi biroos Musliimonni akkana jedhu YESUUS gara lafa tanaa murtiidhaaf hin deebi'a; gaafas fannoo hin caccabsa,Booyyeewwanis hin ajjeesa.[Sahihi Msilim, 1:page 92].

Akkaataa Mahaammad itti ka'e.

Mahaammad dhaloota Gooftaa keenya Yesuus Kiristoos booda baroota 570 maayessa biyya Arabaa tan wirtuu daldalaa taate keessatti ka'e.

Yeroo Mahaammad dhalatu abbaan isaa lubbuudhaan hin jiru, haati isaas isa woggaa jaha gayee duute.

Kanaan booda akaakayyuu isaattu guddiseen; innis hin du'e kanaan maayessa eessuma isaa woliin jiraate.

Mahaammad yeroo umuriin isaa wogaa 25 gayetti haadha manaa tan woggaa 15 isa caaltu fuudhe maaqan ishee Kadijja jedhamti isheen isiin nama lamatti heerumtee lamaanuu jalaa du'aniiru.

Mahaammad nama kasoo gad ufi qabuu fi dargaggeessa qulqullummaa isaa eeggatu ture.

Halli jireenya haadha manaa isaa woliin qabu gaarii fakkaata jedhu. isaan ilma tokko qofa qabu turan innis ijoollummatti du'e sababa kanaaf Mahaammad guddisee gadda ture jedhama.

Eliel “Be disciple and go to others to create the true disciple creators!”
Email: eliel0607generation@gmail.com Mobil: +251-926-545-440
P. O. Box 2209 Hawassa, Ethiopia.

Mul’ata Mahaammad

\Yeroo umuriin isaa afurtma (40) ta'etti, du'a hadha manaa isaa woggaa kudhaniin (10) dura sagaleewwan dhagawuu jalqabe; sagalee dhagawu dhudhumuudhaaf yeroo heddu gara goda gaara heeraa jedhamu dhaqa'aa yeroo tokko tokko achitti dabarsa. Achumatti goda san keessatti kitaaba "Quraana"musliimotaa ta'e fudhate. Kanas akka maleekkicha Gabri'eel irraa argatetti dubbateera. Ergaa kana woggoota 22-23 keessatti utuma fudhatu tureera.

Mahaammad ergaa isaa kan jalqabaa Waaqayyo tokko qofa jedha innis"Allahi" dha jedhee waaqoleen birootis jaalatamuu akka qaban cimsee dubbata.

Kanatti aansee waayee guyyaa murtii,amala gaarii, waayee jireenya bara baraa kan samiitiif badii bara baraa dubbata ture. Eddoo badii bara baraatitti wanti tokko kan nama gammachiisu hin jiru.

(Suratu Ali-waqiahi 56:42-56).

Baqatuu Mahaammad gara Madiinaa Isaa.

Mahaammad waan mudhanni isaa waarra Makkaa wojjiin caalatti yaada isaatiin walfaallesseef waamsa isaa qabatee gara Madiinaa dhaquu murteeffate. inni deeme kun Deemissi afaan Arabaatiin" hijiraa" jedhamu'uun beekkama. Barri hijiraa musliimotaa kun bara 622 isa kananatu jalqaba laakkobsa musliimotaa ta'e.

-Jijjiirama jireenya Mahaammadii irratti ta'e.

-Mahaammad islaamummaa ufii isaatti hundeesse keessatti jijjiirama haarawa fide. Uumurii isaa wogaa 52 yeroo ta'utti haadha manaa 13 fuudhe.

-Waraana qulqulluu ykn "jihaadi" jedhamuudhan beekkamu deemsise. Kaayyoon jalqaba lola kanaa Mahaammad jieenya isaatii fi waan jireenya maatii isatiif ta'u waan hin qabneef lolee waan ittiin jiraatu argachuu; yoo du'ansi jeyiinata ykn mootummaa samii argaachuu. [mishikkat 2 bqo,253]. Gaafa woraana kana deemsisan musliimonni eddoo gaarii waan qabataniif namoota

Eliel “Be disciple and go to others to create the true disciple creators!”
Email: eliel0607generation@gmail.com Mobil: +251-926-545-440
P. O. Box 2209 Hawassa, Ethiopia.

Makkaa kuma tokkoo ol ta'an namoota 300tiin mooyatan.Mooyannaan argame gargaarsa"Allahatiin"jedhamee fudhatame.

Madiinaa keessatti.

Madiinaa keessatti gofti Ayihuudota sadihi; Mahaammad raaga ta'uu isaa hin fudhanne. sababaa Kanaaf Ayihuudota irra miidhaa guddaa geessa'aa ture.

Mahaammad akkuma jabaataa deemeen amalli isaa guddisee jijjiiramaa deeme. Warra diina "Allahatiif eregamaa" jedhe maraa akka ajjeefaman ajaje.

Mahaammad haga magaalaa humna lolaatiin mooyateen maayessa bara 632tti du'e; yeroo san waaqeffannaan naannoo kaabaatitti deemsifamaa turan akkuma jiruun fudhate.

Haala Islaamummaan itti Babadhate.

Mahaammad yeroo biyya Arabaa du'aan biraa lixu humna lolaa cimaa dhiiseefii deeme kanaafuu

1.humna lolaatiin babadhate.

2.Daldaltoota eddoo gara garaa deddemaniin babadhate jecha'a.

- Haala kanaa fi kan kana fakkaatuun babadhatee adha adunyaa keessatti eddoo namni shanii jirutti namni tokko Musliima.

3. Qur’aanni Kitaaba Musliimotaati.

-Quraanni maali?

Quraanni yeroo woggaa 23 ol ta'e keessatti Mahaammad qofaa kenname.

"Gabatee samii jiru kan allahi irraa sutta suutaan gadi dhiisaa karaa Maleekkicha gabreeliitiin Mahaammaditti mudhate"jedhanii amanu. Mahaamad immoo waan isaa ife hundaa gargaartota isaa warra qu'atanii sammutti qabachuu danda'anii qoode.

Eliel “Be disciple and go to others to create the true disciple creators!”
Email: eliel0607generation@gmail.com Mobil: +251-926-545-440
P. O. Box 2209 Hawassa, Ethiopia.

Eeganaa Quraanni maali fakkaata? Eennullee namni wongeela musliimotaa qooduu barbaadu yaada isaa caalumatti hubachuudhaaf yoo akkam diqqaate kutaa Quraanaa keessaa dubbisutu isa irraa eeggama.

Quraanni kitaaba qulqulluudhan wol faallessa; Fakeenyaaf:

-Nohi ilma tokko qofa qaba innumtuu bishaaniin liqimfame. (surtu Hudi 11:42-43) kana(Seera U.. 9:8?)

-Maqaa abbaa Abrahaamii Azaaroo jedha (suratu Ali- aniami 6:74]

-Haati Gootaa Yesuusii Mariyaam obbolleettii Aarooniiti intala Imraaniiti jedhu[sura 19:17-28]. Imraan eeyye abbaa Muusee fa'a. Maariyaamiin tun garuu dhaloota Kiristoosii dura woggoota 1400 turte.

Kanaaf kan kanna fakkaatuun Quraanninii fi Kitaabni Qulqulluun walfaallessan.

- Mahaammad beekkumsa jechoota kitaaba Qulqulluu keessaa hagoo beeka isuma san akka itti fakkaateen maraa dabarse.

Burqaawwan Quraanaa

Seenaan Quraanaa gariin waanuma akka salphaatti bira gayuun danda'amu, isaan keessaa kitaabileen Ayihuudotaa kan akka talmuud mishnaanaa fa'a. Hadis ammoo jechaa seenaa afaaniin himamu kan ergaa uf keessaa hin qabinne waan turraniif kitaabbilee waada harawaa keessa galuu hin dandeenne.

Kutaaleen Quraanaa kan biroo ammoo amantaa Faarisii keessa Sorositiyaan kan jedhamu himamuu jechuun hin danda'ama. Mahaammad Salman hiriyyaa jedhu kan warra Fariisotaa qaba waan tureef maallaataa hubannoo kana isa irraa argate wanti jedhu jira.

Kana irratti edaasaa Quraana waan bara Mahaammad raawwatame,barumsa jireenya isaa amalaa fi wanta waan seenaa cimsee dubbatuu fi dubbifama ajaja isaa waan cimisa fakkaatan qofa.

Eliel "Be disciple and go to others to create the true disciple creators!"
Email: eliel0607generation@gmail.com Mobil: +251-926-545-440
P. O. Box 2209 Hawassa, Ethiopia.

Musliimota biratti Quraana qara'uun[dubbisuun] akka hujitti laakkayama. tokko tokkoon isaan boqonnaa tokko dubbsan isaanii galee isaanii galuu baatee matamatti qabatanii afaan isaaniitiin dubbatan.Kun afaan Arabaatiin "Hafazi" maqaan jedhu kun ulfinnaa isaanii kennisiisa. Musliimoonni baayyeen Arabiffa dubbsuu yoo danda'anillee hiikkaa isaa garuu hin beekan. Sababaan wanti barbaachisan "kitaabicha qulqulluu" dubbisuu ykn hafisutu guddaa barbaachisa malee waayee hubachuutii miti.

Quraana keessa kutaan haga ta'ee Mahaammaditti mudhachuu hin mamamu, haa ta'uu malee mudhanni kun Waaqayyoon irraa ta'uu hin amanu, sababaan isaa Quraanni Kitaaba Qulqulluu cimsee faallessa.

Kanaaf ergaan kun seexana irraa fudhate jennee tilmaamuu irra filannoo biraa hin qabnu. Kitaabni Qulqulluun immoo dubbii Waaqaa ta'uu hin amanna, waan ta'u isaa mirkaneeffannuun booda irratti dhufna.

Wanti biroo kan waayee Quraanaa beekuu nu barbaachisu

A. Kan makame

B. kutaa isaa keessaa gariin isaa baayyee kan biraatiin eddoo bu'eera.

Fakeennaaf; kallattiin yeroo sagadaa jijjiirameera (suratu Ali-Baqaraa 2:142-144)

-Waayeen waan dhaalaan qoodamuu jijjiirameera (suratu Ali-nisai 4:7,11)

-Kadhannaan halkanii jijjiirameera (suratu Ali-Muzamilis 73:2,20)

-Seerri adabbii sagaagaltootaa ykn ejjitootaa jijjiirameera (suratu Ali-nisai 4:15-16)

-Seerri waayee lola qulqulluu (jihaad) jijjiirameera (suratu 2:256,9:3-5,2:217,47:4,8:39)

-Seerri deebiin yakka raawwattameef kennamu jijjiirameera (suratu Ali-baqarahi 2:178, Suratu Ali-maidahi, 5:48, fi Suratu Ali-isirai,17:33)

Eliel "Be disciple and go to others to create the true disciple creators!"
Email: eliel0607generation@gmail.com Mobil: +251-926-545-440
P. O. Box 2209 Hawassa, Ethiopia.

Jijjiiramni kun hundi kan raawwatame uduma seerri asii gaditti argnu kun jiru.

*Kan dubbii "Allaha" jijjiiru hin jiru (Suratu Ali-aniami 6:34)

*Dubbiin" Allaha" jijjiirama hin qabdu (uratu Yunusi 10:64)

Sirima waanta bitaa namatti galu fa'atu jira, fakeennaaf (suratu Ali-isirai, 17:86) irratti " yoo barbaanne kan gara keessan buufne san hin balleesina...

Quraanni yoo ka akkana wol faallessu ta'e musliima kamitu waayee amantaa isaa ergaa sirrii qabadheera jechoo ugga ree?

Garuu Musliimonni kun hundi ta'uu uduma beekkamu akka waan Quraana keessatti jijjiiramni tokkollee hin godhamne ka samii bu'e,kan adha Afaan Arabaatiin barreeffamee argamu kun garuu kan sami'ii nuuf kenname jedhamu woliin tokko akka ta'etti dubbatan.

4) Haala Aadaa Islaamumma'aa

Islaamummaan haga jalqabe woggoota dhibbaa(100) keesati ajaja hundeeffama amanta'aatiif bu'uura itti godhan, akka Quraana hiikuun rakkisaa ta'e beettonni gugurdaan namicha dubbiin ifteef san malee eennullee sirritti hiikuu akka hin dandeenne labsii himsiisan, abbaan mirgaa sun garuu lubbu'uun hin jiru du'eera.

Quraanna hiikuuf akkaataa seera Islaamummaatitu barbaachisa.

Barumsa Hadiisaa

Kusaan seenaa afaanii "Hadis" jedhamee beekama.

Mishiati:- seenaan Haiissaa keesa amansiisaa ta'ee filatame arabiffaan Mishikatul-Masaabil jedhama.

Hadiifni wolitti qabame hundinuu kan tartiiba qabu yoo ta'u, barumsa gara garaa guddaa qabateera

Eliel "Be disciple and go to others to create the true disciple creators!"
Email: eliel0607generation@gmail.com Mobil: +251-926-545-440
P. O. Box 2209 Hawassa, Ethiopia.

-waayee amantii

-beekkumsa

-kadhannaa

-seera dhiqachuu ykn udu'i

-seera awwaalaa

-seera kennu'uu

- seera deemsa qulqullichaa (Hajii).

-seera soomaa

-seera daldalla

-Lolla qulquulicha

-wayee amala garii Mahaamadii

-seera ga'elaa

-seera ga'ela hiku'uu

-Akkataa nyataa ykn seera nyataa

-seera chiinca'a ykn arsa'a

-Haalla uffataa fi adaba jireenyaa

-Wayee carraa durrissa murtaayee

-Kakuu

-Wayee dhaalaa

-Yakkaa fi wayee adabbii nama Isilaamummaa waakkatee

Eliel "Be disciple and go to others to create the true disciple creators!"
Email: eliel0607generation@gmail.com Mobil: +251-926-545-440
P. O. Box 2209 Hawassa, Ethiopia.

-Eebjuu ykn aabjuu

-Wayee qulquulinnaa

-Wayee murtii barrabaraa

-Wayee haxxifachuu fi amuummachuu

-Aadaa fi akaataa rifeenissa itti sirreefataan

-Shittoo akkamitti akka dibatan

-Haala qulqullina ilkaanii fi funyaanii ittiin eeggatanii fi dhimma ba'ee birootis wolitti qabata.

-Hadiifnii kuniin badhaaf gadi fagoo yoo ta'an gariin isaan ammoo nama koolfisiisa, fakeenyaaf ergamaan" Allahi" akkana jedhaniiru, Tiisfiinnii nyaata irra teette achummatti irratti gadi-qabbii keessa gadi liccisiissii, sababaan koolaa isii lamaan keessaa tokko irra dhibeetu ta'aa isa kaan irra ammoo waan fayyisutu ta'aa koolii jalqabaa midhaan irra ga'u kan dhibee qabu san waan ta'eef keessa gadi dabbarrsi.[mishikkati 2 boqqo 152]

" Eergamaan"Allaa'aa" nageenii isaa irra haa ta'u namnii amanne yoo garaa tokkotti nyaatu kan hin amanne ammoo garaa toorbatti nyaata [sohihi silimma 3 boqqo 1137]

Ergamaan "Alla'aa" eenullee yoo midhaan nyatee ka'e quba ufii/isaa haa arrabuu; namni biroo akka hin arraabneef ykn akka hin haqneefis

jedheera.

Sunnaa ykn haala jireenya Mahaamadii

Waan Mahaamad bara jieenya isaa irratti xiyeeffatee hojatu dha. Mahaamad yeroo tokko akkana jedhanii dubbattanii turan, "waan lamaan isnii dhisee deema yoo waan kaniin lamaan chimmistanii qabbatan hin sobamttani, isaanis Kitaabichaa fi sunnaa"[mishikkat 1 bqqo 159]

"Kitaaba Alla'aa" kan jedhu mamii tokko malee Quraana.

Eliel “Be disciple and go to others to create the true disciple creators!”
Email: eliel0607generation@gmail.com Mobil: +251-926-545-440
P. O. Box 2209 Hawassa, Ethiopia.

"sunnaa" jechaan ammoo waan Mahaamad hojjaate,waan inni dhooge ykn waan barbaade shakaluu jeecha biraatiin inni modelii jireena isaaniiti jechu. Kanaaf islammon yeroo hundaa haala jireena isaanitiin haga isanii dandaa'ameen isa fakkachuuf tattaafachuu isaan barbaachissa.

5. Seera Isilaammumaa fi Ammantichaa

Bu'ura Amantaa islaammumaatiif yaada ijoo shanan kanna rawwatuun isaan irraa eegamma.

1) Tokkumaa" Alaa'aa" ykn" Alaan" tokko [tawuhiidi]
2) Jiraachuu maleekootaa (Ergamoota)
3) Kitaabbilee asii gadiitti argamaan kaniin
   - ❖ Tawuraat:- Kitaabota Musee shaman ibsa. (Kakuu Moofaa)
   - ❖ Zabuurri [Faaruu Dawiit]
   - ❖ Injiil [Wangeela] ykn Kakuu Haarawa
   - ❖ Quraana
4) Raajota fi Ergammoonii maruu

   Ergamtoon 124000 banii maraaf akka erge, isaan keessaa hagommatu maqaan beekkamma, isaanis Addam,Nohi, Abrahaam, Yisihaaqi, Yaaqoob, Yooseef, Musee, Dawit, Yesuusii (Isaa) fi Mahaamad fa'a.
5) Du'aan mayeesa jireenyii akka jiru, akkataa caraa duraan isaa murtaayeetiin. Musliimon mootumaa samii ykn gara badii barabaraa seenuuf guyyaan murtii akka jiru ni ammanan.

Utubaa Ammantaa Msliimaa

1. Ammantaa ufii addataatti ibsachuu [shadaa]
2. Solaata ykn sagada.
3. Sooma ji'a tokko soomuu.
4. Haaji umaraa deemuu;yoo hunni jireenya isaanii eeyyame bara jireenyaa isaanii keessa yeroo tokko deemsa haaji umaraa deemuu. Kennaa (zakkati)

Eliel "Be disciple and go to others to create the true disciple creators!"
Email: eliel0607generation@gmail.com Mobil: +251-926-545-440
P. O. Box 2209 Hawassa, Ethiopia.

6. Hubannoo Amaantaa Musliimaa Waayee Allaahaa

-Allaan kan isaa fakkaatu fi qixxee hin qabu.

-Inni fagoo jiraata.

- amalaan, fedhaan, jabeenyaa f beekkumsaan gutuu dha.

- inni waan hama'aa fi waan gaariillee uumeera.

-wanti tokkollee fedha isaa malee ta'uu hin danda'u kana je-choon cubbuullee edate jechaa.

-Inni maqaa 99 qaba.

-Cuubbuun dhiifamsa hin qabne, Alla'aan hiriyyaa qaba jecho'on ammoo cuubuu.

Waayee Murti'ii akka amantaa Islaamaatitti.

Yihuudonni, Musliimninii fi Kiristaanonnii waayee murtii dhumaa hin amanan. Garuu isaan eddoo kana irratti hubannoon isaan qaban dogoggora. keessattuu guddinna cubbuu diqqeessan.

Namni akka cubbuu isaatiif (ufiitiif) waan gaariin edoo buusuu danda'uutitti yaadan.

Hubannaa isaaniitiin waayee jireenya du'a boodaa

Akka hubannaa isaaniititti waanuma maraa dura namni yoo du'e adabbii awwaala keessa.

-Qaamni isaa guutumatti hin caccaba.

-Namummaan isaa gara hafuuraatitti jijjiirama.[mishikkat 4:bqqo 83]

-Eeddoo biraatittis waan akkana jedhu argina.

"Namni amane yoo du'e hidda dhiiga isaa keessatti dhukkubi'itu itti dhagayama, yeroo du'u diini "Allaa" seexanni gara nama du'aa jiruu san waan dhiyaatuuf.[Ahimmad Said du'aan booda maalitu jirra? jedha.

Eliel "Be disciple and go to others to create the true disciple creators!"
Email: eliel0607generation@gmail.com Mobil: +251-926-545-440
P. O. Box 2209 Hawassa, Ethiopia.

Hadiisa:-

Rakkinna awwaala keessatti nama irra gayu. Awwaalli wolitti dacha'ee qaama namichaa wol daaka. Ibiddi awwaala keessatti hin bobaya.

- Bofni ijji isaa kubbaa fakkaatu dhufee tooyannaa jala isa oolcha jedhan.
- Waan sagada subii kuteef haga aduun baatuuf isii iddu'uu goooftaa biraa muudameera.

Waan sagada suurii kuteef haga aduun guyyaatuuf uduu addaan hin cinne sagada. kun adabbii nama kadhannaa kuteeti.

Adabbii awwaala keessatti wontoota sababaa ta'uu danda'u.

-Yeroo fincaanan dhimmamuu (ofi eeggachuu)dhabuu.

-Ajaja ajajaman keessaa kadhannaa akka salphaatti ilaaluu.

-Warra huji'iin waan ajajaman hin raawwanne naannofni afaan isaanii hin babbaqaqa.

-Warra ilaalanii fi dhageeffatan ijaa fi gurra isaaniititu dhayama.

-Haawwotiin daa'imman isaanii harma hoosisuu didan harma isaanii akka bofni iddu taasifaman.

-Warri sooma firrisanii hiikan mataa isaanii gad gombisanii akka dhoqqee arraaban taasifamu.

Wanti kunniin hundinuu haga gaafa guyyaa murti'iititti adabbiin itti fufa.

Dhoksaa Musliimotaa Kan Biraa

Samii keessa galmee fi madaallii waan hamaa fi waan gaarii itti bareessantu jira jedhu. Eddoo badii bara baraatii haga mootummaa samii jidduu dildila guraadeettu jira jedhu. Namni maruu dildila kana irra deemee eddoo badiitti gara mootummaa samii galutu isa irraa eeggama.

Haa ta'uu ammoo warri deemsa kana haga dhumaa itti fufan; warra haalli gariin isaanii raga qabeessa ta'e qofa.

Eliel "Be disciple and go to others to create the true disciple creators!"
Email: eliel0607generation@gmail.com Mobil: +251-926-545-440
P. O. Box 2209 Hawassa, Ethiopia.

7. Mormii Musliimni Kiristaanummaa irraa qabu.Ykn

Mormiin Musliimotaa kan deddeebi'ee ka'u

"Kitaabni Qulqulluun jijjiirameera; babbadeeras"

Dubbii Waaqayyoo akka ta'e hin amanu. Kanaaf akkana jedha

"kan Allaa biraa gara keenna bu'e, [Qurraana] kan gara Ibraahimii, gara Ismaa'elii, kan gara Yisaaqii, Yaaqoobii fi gara gosoota bu'e akkasuma kan Muuseedhaaf isaa kenname kan raajota marattuu Gooftaa isaanii irraa kenname kanniin maraa uduu addaan hin baasin amanne[suratu 2:136].

Yaa isin warra amanta'aan" Allaha ergamaatitti kitaaba ergamaa irratti bu'e kitaaba isaan dura bu'ettillee amanaa; kitaabbilee namni waakkate nama dhugaa irraa fagaachu'uun dogoggore, kan dhugaa irraa guddisee fagaate ta'a. [suratu 4:136]. Dhugaan garuu islaamonni Kitaaba Qulqullutti hin amanan. sababaan isaan dhiyeessan Ayihuudonnii fi kiristaanonni waan biraa makanii balleessaniiran,kitaabni Qulqulluun dura hin jiru jedhu.

Kun fuhatama hin qabu; kitaabni Qulqulluun uduu Mahaammad hin dhalannee fi Quraana hin barreessineen dura barrayee dhumateera. Kana ammoo Quraanumtinuu hin mirkaneessa.

"Yaa isin waarra kitaabaa"maaf dhuga'atti soba mattan?(maktan?) dhugaa isinumtuu uduma beettan maaf dhugaa itti maktu?"[suratu 3:71].

Mahaammad " kan namoota kitaaba jedhuun kunniin Ayihuudotaa fi Kiristaanota. yoo kitaaba balleessitan jedhu akka afaaniin balleessan dubbatuu isaati malee barreeffama isaaniitiinii miti.

Kan dogoggore akka waan kitaabicha ta'eetitti hin yaadinaa warra kitaabichaa keessaa warra arraba isaanii daddaassanitu jira. Isaan warra karaa Allaa irra uduu hin jiraanne nu warra Allatti amanu jedhan. Isaan beettota uduma ta'aniiru waan Allaa irrati soba dubbatu. [sratu 3:78].

Ammas jarri waan jedhu qabu waayee sadan tokko waaqayyoo.

Eliel "Be disciple and go to others to create the true disciple creators!"
Email: eliel0607generation@gmail.com Mobil: +251-926-545-440
P. O. Box 2209 Hawassa, Ethiopia.

Waaqa sadihitti amannaa attamitti 'tokko' jetuu? kun walitti bu'a jedhu.

Kanaafuu Quraanni sadan tokko Waaqayyoo hin morma. Akkana jedha'aa "Isini warra Kitaaba [Ayihuudotaa fi kiristaanota] amantaa keessaniin daangaa hin lufinaa, waan Allaa dhugaa malee soba hin dubbatinaa Ilmi Maariyamaa Almashi Iisaan jecha ta'i jedhamee ergamaa Allahaa biraa gara Maariyaamaa gad buuse hafuura isa biraa ta'e, isaan sadihi hin jedhinaa,ufi eegaa isinii woyyaa, Allaan waaqa tokko qofa inni kana irraa bilisa".[suratu 4:171]

"Jarri Allaan kan Ilma Maariyaamaa Almasii Iisaan jedhan dhugamaan isa waakkatan. Almasii-IIsaan akkana jedhe:-Yaa ijoollee Israa'elii Allaa gooftaa kiyyaaf gooftaa keessan bitamaa. kan waan Allaan wolqixeessu inni mootummaa isaa itti chufaa eddoon jieenya isaa ibidda ta'a, isaan warri Allaan sadihi jedhan isaan warra dhugadhaa waaktan[suratu,5:72-73].

Kana jechoon hubannaan Mahaammad waayee sadan tokko Waaqayyootii qabu Mariyaamaa,Isaa fi Allaatu sadan tokko akka ta'etti amanan. Kanaafuu Mahaammad kana jechuun isaa nu dinquu hin qabu.

Nutti ammoo eega waayee kana hubannaa haganaa arganne ni lallabna

Wanti baayyee nama dinqu ammo suratu 19 irrati Allaa'atu akka Maariyaam ulfooftu tasiseef waan jedhu argina kun yoo akkaataa haala wal qunnamtii qaamaallee hin taane garuu kun Waaqayyo akka gayee abbummaa qabu mudhisa.

"Allaan ilma uumachuun isaaf hin ta'u inni dhidhinna maraa irraa bilisa. Inni waan tokko yoo barbaade ta'i jedha yoosuu ta'a. [suratu 19:35].

Waayee kanniinii eega hubannaa haganaa arganne waan isaan jedhan kanniiniif deebiin keenna maal haa ta'u? Waan inni hojjatee olitti isa tuula'aa hin haasayin wanti inni dubbate; wantti waayee isaa kan barraayee ni gaya. [Yoha-14:9,10:30,Mate,28:18-19,Isa,7:14,9:6,63:7-10,Erim23:5-6,33:15-16,Ke-de,6:4,Faru,110:1,2:1-7 kanniin sirritti hubachuuf amanuutu nu irraa eeggama".

Eliel "Be disciple and go to others to create the true disciple creators!"
Email: eliel0607generation@gmail.com Mobil: +251-926-545-440
P. O. Box 2209 Hawassa, Ethiopia.

Ulfinna (Bakka) Gooftaa Iyesuus Quranna kessatti

Quraanni waayee Iisaa akkana jedha...

a. Durba (dubaree) irraa dhalate...,.sur,19:20.
b. Qulqulluu cubbuu hin qabne.....,19:19.
c. Inni Masihii dha.....,4:171.
d. Dubbii Waaqayyooti.....,4:171.
e. Hafuura Waaqayyoon biraa dhufe.,4:171.
f. Inni lubbuu uumeera.....,5:110.
g. Warra dhibaman fayyiseera....,sur 5:110.
h. Du'oota du'a kaaseera.....5:110.
i. Akkaataan dhufa isaa malkatootan.,43:63.
j. Inni fiixaa namaa hundaaf malkata,19:21,21:91.
k. Baroota kana ta'ee baroota dhufanittis kabajjamaa dha,3:45.
l. Inni samitti ol fudhtameera ammas achuma jira.....,sur,4:158.
m. Deebi'ee murtii kennuudhaaf dhufa,...43:61.

kunniin mirkaneeffannaa waayee Gooftaa keenya Yesuusii Quraana keessatti arginu dhugaa eennullee dhossuu hin dandeenne.

Waan kana nu gargaaru Kitaaba Qulqulluu keessaa muraasa haa ilaalluu.

1. Yesuus karaa dhugaa Yoha,14:6
2. Abbaan[Aabbaan] qixxee ,Yoha10:25-33, jieenya bara baraas ni kenna.
3. Dhiifamsa cubbuu godha,Luq 7:48-50.
4. Ilma Waaqayyooti Mat. 14:32-33,26:63-64.Yoha1fa,5:20.
5. Du'oota kaasa murtees ni kenna,Yoha,5:21-27.
6. Fakeenya Waaqayyooti inni uumas,Qor2fa4:4,Qollasya, 1:15-20.Ibi,1:1-4.
7. Bulchiifni isaa bulchiinsa bara baraati,(Dani,7:13-14.
8. Gooftaa fi Waaqas, Yoha ,20:26-29)

Eliel "Be disciple and go to others to create the true disciple creators!"
Email: eliel0607generation@gmail.com Mobil: +251-926-545-440
P. O. Box 2209 Hawassa, Ethiopia.

9. Hundaayyuu ol ta'ee baraa haga bara Waaqa ,(Rome, 9:4-5).
10. Fayyisa'a, nu oolchas (Titoo,2:11-14.)
11. Lubbuu ufii kenneera, bifa Waaqaa qaba, Gooftaadhas, Fili, 2:5-11.
12. Uduu hin dhalanneen dura aango qabeessa, Yoha, 1:10-12.
13. Kitaaba Qulqulluu kakuu moofaa fi haarawa keessattis waayee dhufa "Masihii" raagamera,[Isa, 7:14, 9:6].

Gooftaa Yesuus keessa eennummaa lamatu jira, innis Namummaa haadhaatii fi Waaqummaa Abba'aa. Nama waan ta'eef, akka namaa nyaachun, dhuguun, rafuunis akka namaa dhukkubsanni itti dhagayameera, gaddeeras gammachuus ibsateera, cubbuun alatti wanti nama irratti ta'u yoo isa irratti ta'eyyuu inni Qurxummii lamaa fi buddeena shaniin nama kuma shanii nyaachisee kan quubse namumtii isaatiinii miti, amala eennummaa isaatiin malee.

i. Ballootaa ija bane
ii. Du'oota kaase
iii. Warra dhibee gogaa qaban fayyise
iv. Danbalii chadhisiise
v. Bishaan gubbaa deeme

Gooftaan kanniin hunda eeyyen Waaqummaa isaatiin hojjachuun isaa shakkii hin qabu.

Musliimoonni waan cimsanii morman keessaa fannifamuuf du'uu Kiristoosti.

"Nu'u ergamaa" Allaa" Ali Masihi Iisaa ilma Mariyamaa hin ajjeefne jechoo isaaniitiif isaan abaare, hin ajjeefneen hin fannifneenis nama biraa ajjeesanii Isatti fakkeessan (surtu Alinnisa'i 4:157)

Musliimonni waayee kana barreeffama gara garaatiif tajaajila Televiziiniitiinis cimsanii dubbatu.

-Gariin isaanii ammo "fannoo irratti uf wollaale malee hin duune" jedhan, yeroo inni uf wollaale fuudhanii boolla keessa kaayanii dubartoonni achi turan gargaarsa godhaniif ka'e jedhu.

-Gariin Yihuudaa Yesuusiin isaanitti fakkaatee fannisan jedhu.

Eliel "Be disciple and go to others to create the true disciple creators!"
Email: eliel0607generation@gmail.com Mobil: +251-926-545-440
P. O. Box 2209 Hawassa, Ethiopia.

-Jechi "Fannifame" jedhu afaan laatiniitiin, hiikkaa lama qaba

1. fannifamuu

2. Rarraafamuu

Kanaaf Musliimonni fannifame jechaan" rarraafame" jechaa malee "du'e" jechaa miti jedhaa morman haa ta'uu malee mormii Faayidaa hin qabne.

Fannoon Yesuusii gufuu isaaniiti

-1Qor. 1:22-24- -Lew. 17:11

-Yoh. 15:5 -Rom. 7:19

-Gal. 5:11 -Ibro. 9:22

*Seexanni hunduu akka gatii dhabeessa ta'u godhuu caalaa fannifamuu Yesuusiitiif du'uu isaa akka barbaachisaa hin taane godhee dhiyeessuu qaba.Quraanni kana caalaa waan dubbate hin qabu.

Mirkaneeffannaa Fannifamuu Yesuusii

Kitaabni Qulqulluun waan fannoo Kiristoosiitiif du'ee du'aa ka'uu isaa hin Mirkaneessan.

[Qoro1fa, 15:3-6] [Ho-er 2:22-23] Luqqisa kanniin keessatti yeroo dubbifannu caalatti ifa nuu ta'a.

"Barreessaan seenaa Ayihuudii kan bara san ture tokko kan maqaan isaa filaviyaas Josifan jedhamu waayee Yesuusii yoo dubbatu,bara san keessa ogeessa Yesuus jedhamutu ture, isa 'nama' jedhanii waamuun yoma sirrii ta'e inni abbaa dinqii baayyee hojjatu ture. Masihicha ture. yaadaa fi goorsaa bulchoota nuu jiraniitiin Philaaxoos du'a fannootitti dabarsee kenneen. Warri jalqaba isa jaalatan haga dhumaa hin dhiifne ture. Inni akkuma ergamoonni qulqulluun raganiif ta'e, guyyaa sadaffaa du'aa ka'e waan isaanitti mudhateef".[Hjii filviyuus Josifas 2 boqo 412].

Eliel "Be disciple and go to others to create the true disciple creators!"
Email: eliel0607generation@gmail.com Mobil: +251-926-545-440
P. O. Box 2209 Hawassa, Ethiopia.

Wanti dagatamuu hin qabne. Ayihuudonni waan fannoo Yesuusii hin amanan yeroo san eddoo san turaniif.

Musliimoonnis masihicha ta'uu hin amanan,garuu fannoo hin waakkatan sababaan barri isaan dhagayan bara dheeraa jechaan bara dhibba jahaan(600) maayessa. kunis ta'ee garuu masihicha ta'uu hin wakkanne.

-Kakuu moofaa keessatti waayeen Yesuus eega dubbatame Raawwatamuun kitaabni Qulqulluun dhugaa ta'uu isaatiif ragaa gudda'a.

Eega waan baayyee keessaa xinnoo qofa waan Masihicha Yesuusii kan raajonni dubbatan ilaalee, Karaa birootiin Quraanni ammo akka burqaa hafuura Waaqaa uf keessaa hin qabne raagaanis ykn waan gadi fagoo nuu amansiisuu danda'u hin qabu. kan isaan akka sababaatitti wanti isaan dhiyeessan keessaa gariin, Quraanni haala gaariin barraaye ta'u. Namni hin baranne kan akka Mahaammad barreeffama waan dhiyaachuu hin danda'amne fakkaatu garuu kan wanti inni qabte guutuu ta'e jechuudhaan dhiyeessanis dhugaa uf keessaa hin qabu.

8. MUSLIIMOTAA RAGAA BAYUU.

Waayee yeroo adhaa yoo ilaalle waldaan Kiristaanaa tajaajila waangeellaa keennuu irratti xiyyeeffannaan guddaan hin jiru.

Sababaan ragaa bayuun xiyeeffannaa dhabeef:-

A. Shaakala dhabuu
B. Ba'aa dhabuu

Kanaafuu" Musliimotaa akkamitti ragaa bayuu nu barbaachisa?" gara jedhu gara gaafilee bu'uuraa yoo dhufne maalummaa amantaa musliimaa akkasuma waayee kitaaba Qulqulluu ilaalcha isaan qaban sirritti qoruu qabna.

Eliel “Be disciple and go to others to create the true disciple creators!”
Email: eliel0607generation@gmail.com Mobil: +251-926-545-440
P. O. Box 2209 Hawassa, Ethiopia.

Musliimotaa wangeela addaataa fi ogummaan dhiyeessuuf waan kanniin beekuu nu barbaachisa.Waaqayyo karaa addaatiin nu gargaaruu danda'a ta'us warra qophoofne ta'uu nu barbaachisa.

Jaalala uumnee wangeela babadhisuu

Walumatti qabaatti wangeeli gara Musliimaa geessuuf dhuunfaan taasisuun baayyee bu'a qabeessa. kanaaf

-Dhuunfaatti hiriyyaa ta'uu ykn hariiroo gaarii uumuu.

-Mala tokko tokkoon hojjachuu fayyadamuu.

-Jaalalaa fi gara laafummaa qabaachuu

-kabajjaan woliin haasawuu.

-Ejjannoo qabaachuu.

-Qophii fi shaakala qabaachuu.

-Beekkumsa qabaachuu, isaanii ragaa bawuun dura bekkumsa haga ta'e waayee isaanii beekuu.

Isaan wojjiin yeroo marii adeemsifnu

-Quraana fayyadamuu hin barbaachisu, nu walakkatti akka shakkii hin uumneef.

-Akka waan Quraana dubbii Waaqayyoo kan dhugaatitti akka hin fudhanne.

-Garaa garummaa Kitaaba Qulqulluutii fi Quraanaa ibsuun,hanqinna Quraana keessa jiru ol baasuu.

-Quraana keessa akka dhugaan waan Waaqayyoo irra achi keessa hin jirre mudhisuu.

Yeroo waayee Mahaammadiitii fi Gooftaa Yesuusii dubbannu. Gaafiin kun ka'uu qaba. Kunis, ***Gooftaan Yesuus Musliima tokkoo Gooftaa dhaa?*** Isaan kana hin amanan, kanaaf nuti garuu

Eliel "Be disciple and go to others to create the true disciple creators!"
Email: eliel0607generation@gmail.com Mobil: +251-926-545-440
P. O. Box 2209 Hawassa, Ethiopia.

yeroo isaan wojjiin dubbannu" Yesuus Kiristoos" ykn" Yesuus Masihicha" jedhaa dubbachuun guddisee faayidaa qaba.

Musliimotaa Yeroo ragaa baanu sadarkaa amantaa isaanii beekuu.

1. Cimsitoota
2. Beettoota
3. warra ijjannoo hin qabne
4. Nama waan hafuuraa qofatti xiyyeeffatu [Zakkiir].
5. Kan dhageettaan amane (kan maqamaaf amane)

Kan biraa Haala uffannaa keennaati

Nu'u warri ergamaa wangeelaa taane eennummaan keessa keenyaa fi gubbanni keenya seera qabeessa kan qulqullinna hundaan guuttame ta'uu qaba. Isaan walakkatti kan milkayuu dandeennu waan isaan ittin nu shakkan irraa yoo bilisa taane qofa. Waaqayyon akka onnee isaanii tuqu nama waaqayyoon cimsee kadhatu ta'uu.

Amanamtoota ta'uu

Amanamummaan amantaa keennaan yoo jabaanne wanti sadihii ijoon hin ta'a.

a. Ayyaanni Waaqayyoo sirritti nu keessatti hojjata.
b. Waaqayyo wangeelaan akka isaan dhaqqabnuuf nutti fayyadama.
c. Onnee Musliimotaa banee isaan dabarsee nuu kenna.

Eliel “Be disciple and go to others to create the true disciple creators!”
Email: eliel0607generation@gmail.com Mobil: +251-926-545-440
P. O. Box 2209 Hawassa, Ethiopia.